IBSA ODEEFFANNOO QORICHA TALAALLIIDHAAN KENNAMUU:

Qoricha Talaalliidhaan kennamu DTaP

Wanta beekuu barbaaddu

(Daayiftaariyaa, Dhukkuba dhiitoo (tiitaanoosii), fi peertuusisiii)

Many Vaccine information Statements are available in Spanish and other languages. See www.immunize.org/vis
Hojas de información sobre vacunas están disponibles en español y en muchos otros idiomas. Visite www.immunize.org/vis

1 Maaliif talaallii fudhannaa?

Daayiftaariyaa (Dhukkuba daddarbaa qoonqoo), Tiitaanoosii fi peertuusisiiin (qofaasisuu) dhukkuboota hamoo baakteeriyaadhaan dhufaani. Daayiftaariyaa (Dhukkuba daddarbaa qoonqoo) fi peertuusisiiin (qofaasisuun) namaa irraa gara namaatti ni daddarbu. Tiitaanoosiin qaamaa kan seenu karaa qaama muramaa fi madaadhaatiin.

Daayiftaariyaan (Dhukkuba daddarbaa qoonqoo) qoonqoo duubaa irratti haguuggii cimaa uuma.

- Innis gara rakkina hargansuu, naafummaa, dadhabbii laphee, fi hanga du'aatti namaan gahu danda'a.

Dhiitoon ilkaanii (Tiitaanoosiin) maashaalee irratti dhukkubbii kan qaqqabsiisuu ta'ee, yeroo hedduu qaamaa guutummaatti ta'u danda'a.

- Kunis mangaagaa"cufuudhaan" namni kanaaf saaxilame afaan isaa banuu ykn liqimsuu hindanda'u. Dhiitoon ilkaanii (Tiitaanoosiin) 10 keessaa 2 du'an qaqqabsiisuu danda'a.

Peetraasisii (qofaasisuu) balaa qofaa hamaa daa'imman akka hin nyaanneef, hin dhugneef, ykn hin harganne kan taasisuuf sababii ta'a. Balaan kunis torbanootaaf turuu danda'a.

- Innis dhukkuba sombaa, qabuu (dhabamsiisuu fi mallattoo balaa), manca'uu sammuu, fi du'aan nama qaqqabsiisuu danda'a.

Daayifiteeriyaa (Dhukkuba daddarbaa qoonqoo), Dhiitoon ilkaanii (Tiitaanasiin), Peetraasisii (qofaasisuu) fi qorichi talaalliin kennamu (DTaP) n dhukkuboota kanneen ittisuuf ni gargaara. Daa'imman hedduun DTaP talaallamanis umurii ijollummaa isaanii guutuu fayyaa ta'u danda'u. Talaallii yoo dhaabne ammo daa'iimman biraa baayyeen dhukkuboota kanneeniin qabamu danda'u.

DTaP'n talaallii bifa foyya'aa talaallii durii DTP jedhamuuti. DTP'n Ameerikaa keessatti faayidaa irra hin olu.

2 Eenyutu talaallii DTaP argatau fi yoom argachuu qaba?

Daa'imman dozii talaallii DTaP 5 argachu qabu, kunis doziin tokko umriiwwan armaan gadii hunda irrattuu:

- Ji'oota 2
- Ji'oota 4
- Ji'oota 6
- 15– ji'oota18
- 4–waggoota 6

DTaP akkuma talaalliwwan birootti sa'aatii wal fakkaataatti kan kennamu ta'a.

3 Daa'imman muraasni talaallii DTaP hin fudhanne ykn ni turu qabu

- Daa'imman dhukkubbii xiqqoo, kan akka qorraa qaban, kan talaallaman ta'a. Garuu daa'imman giddu galeessaan ykn gar-malee dhukkubsatanis osoo talaallii DTaP hin kennamuuf hanga dandamatanittituru qabu.
- Daa'imni erga dozii DTaP fudhachusheetiin dhukkubbii adanyoo baay'ee hamaa lubbuuf sodaachisu godhattes, dozii kan biroo hin fudhatu.
- Daa'imni erga dozii DTaP guyyoota tirba keessatti dhukkuba sirna narvii ykn sammuu godhatte kammiyyu dozii biroo hin fudhatu.
- Daa'ima keessan yoo ta'e Doktora keessanii waliin dubbadhaa.
  - Erga talaallii DTaP fudhatanii booddee dadhabuu ykn gagabddoo yoo godhate.
  - Erag DTaP fudhatanii booddee osoo adda hin kutiin sa'aatiwwan 3 kan boowuu yoo ta'e.
  - Erga talaallii DTaP fudhatanii booddee ho'aa 105°F ol.

Odeeffannoo dabalataaf Doktora keessan gaafadhu. Daa'imman muraasni kunnenis baayina qoricha talaallii peertasiisii jedhamu biroo fudhachu hinqabaatan, garuu peertasiisiidhaan (qofaasisuu) ala talaallii **DT** fudhachuu ni argatu.

4 Daa'immanii gurguddoofi Dargaggoota

DTaP'n dargaggootaaf, ge'eessotaaf, ykn daa'imman umurii waggaa 7 fi isaa oliif hin hayyamamu.

Garuu namoonni umuriin isaanii deeme amma ille eegumsa ni barbaadu. Talaalliin **Tdap** jedhamu DTaP wal fakkaata. Baayyinni dozii Tdap tokkittiin namoota uumuriin isaanii waggaa 11 hanga waggaa 64 jiraniif ni gorfama. Talaalliin biroo, **Td** jedhamu, dhukkuba dhiita'uu ilkaanii (tiitaanoosii) fi daayifiteeriyaa (Dhukkuba daddarbaa qoonqoo) kan ittisu yoo ta'u, garuu peertaasisii (qofaasisuu) hin ittisu. Waggaa 10 niin kan ajajamu ta'a. Qoricha Talaallin kannaman kanneefis ibsi odeeffannoo talaallii adda ta'e ni jira.

U.S. Department of Health and Human Services
Centers for Disease Control and Prevention

5 Miidhaan Talaallii DTaP irraa dhufuu danda'u maalii?

Daayifiteeriyaa, dhukkuba dhiita'uu ilkaanii (tiitaanoosii), ykn peertaasisiidhaan qabamuunis talallii DTaP argachuu caalaayaachisaadha.

Yaa ta'u malee, talaalliinis akkuma qoricha kamiyyuu, rakkinoota cimoo kan akka adanyuu sababa ta'u ni danda'u. Balaa hamaan ykn dutii sababii talaalliwwan DTaPn qaqabu xiqqoo dha.

Rakkinoota salphaa (beekamaa)

- ho'aa (hanga Ijoollee 4 keessaa 1)
- Diimachuun ykn liqimsuun bakka lilmoon kenname turetti (Ijoollee 4 keessaa 1)
- Dhiitoo hamaan ykn dhukkubbiin bakka lilmoon kennmetti kan ta'u (Ijoollee 4 keessaa 1)

Yeroo hedduu rakkinni kun kan muudatu dozii isa duraa rraa dozii DTaP yeroo 4faa fi 5faafudhatanii booddee ta'a. Yeroo tokko tokko, hammi talaallii DTaP 4faa ykn 5faan dhita'u hirree gutuu ykn miila itti lilmoon itti kenneme qabaata, kunis guyyoota 1–7 kan fudhatu ta'ee (daa'imman 30 keessaa hanga 1).

Rakkinoota salphaa biroo kan hamatan:

- Wal makuu (daa'imman 3 keessaa 1)
- Dadhabbii ykn fedha nyaataa xiqqaachuu (Daa'imman 10 keessaa 1)
- Balaqqamsiisuu (ijoollee 50 keessaa 1)

Rakkoon kunis walumaagalatti erga lilmoon keennameef booda guyyoota 1–3 tti.

Rakkoowwan giddugaleessa (kan hin beekamne)

- Hollachu (harkisuu ykn jalqabuu) (daa'imman 14,000 keessaa daa'ima 1)
- Booyicha hin dhaabbanne, sa'aati 3 ykn isaa ol (daa'imman 1,000 hanga daa'ima 1)
- Ol'aana olaanaa 105°F ol (daa'imman 16,000 keessaa daa'ima 1)

Rakkinoota hamaa (baayyee darbee darbee)

- Muudannaa adanyuu hamaa (dozii qorichoota miiliyoonota keessaa 1 gadi)
- Rakkinoonni hamoon hedduun biroo erga talaalliin DTaP fudhatamee booddee gabaafamaniiru. Kunis kan dabalatu:
  - Hollachuu Yeroo dheeraa, ofi wallaaluu, ykn dandeetii yaaduun hir'achuu
  - Manca'ina sammuu dhaabbataa.

  Kunneen baayyee xiqqaa dha. Sa abii qoricha tallaalliin umamuusaanii dubbachuun baayyee ulfaataadha.

Boowwoo ittisuun Keessumattuu daa'imman qsababii kamifuu gagabdoo qabaniif ho'a qaamsaanii toa'chuun barbaachisaa dha. Miseensi maatii hollannaa kan qabame yoo ta'e, barbaachisaadha. Daa'ima kessaniif qoricha dhukkubi hirisan aspiriinii irraa bilisa ta'e kennuufiidhaan ho'ina fi dhukkubbii hir'isuu ni dandeessu *aspiriinii irraa bilisa kan ta'e* lilmoon wayita kennamutti, fi sa'aatii 24n itti aananii keessatti, qajeelfamoota guduunfaa hordofuudhaan.

6 Yoo dhukkubbiin cimaan jiraate hoo?

Maalan barbaadu qaba?

- Dhimma isin ilaallatu kamiyyuu kan akka mallattoolee adanyoo miiraa dhukkubbii hamaa, ho'a cimaa, ykn jijjiirama amalaa baruu qabda.

  Mallattooleen adanyoo miidhaa dhukkubbiin qaamaarratti waa bahuu, dhiita'uu fuulaa fi qoonqoo, rakkina hargansuu, dhawannaa onnee sardamaa fi dadhabbiidha. Kuni talaallidhaan booddee daqiiqawwan muraasaa hanga sa'aatiwwan muraasatti kan eegalu ta'a.

Maal gochuutu naaf ta'aa?

- Yoo adanyoo miidhaa hamaa kan qaqqabsiisu ta'e ykn muddama eegamuun hin danda'amne ta'e, 9-1-1 irratti bilbilaa ykn nama sana gara Hospitaala itti dhihaatu geessaa. Kana yoo ta'uu baate garuu, doktora/ogeessa fayyaa keessaniif bilbilaa.
- Kana booddee, gochi Sirna Gabaasa Miidhaa Talaalliif (VAERS) kan gabaafamu ta'a. Doktarri/Ogeessi fayyaa keessan gabaasa kana ni galmeessa, ykn ofii keessaniif karaa marsariitii VAERS tiin hojjechuu ni dandeessu **www.vaers.hhs.gov**, ykn karaa **1-800-822-7967**.

VAERS gorsa tajaajila fayyaa hin kennu.

7 Sagantaa Beenyaa Talaallii Miidhaa Biyyoolessaa

Sagantaan Beenyaa Miidhaa Talaallii Biyyoolessaa (VICP) sagantaa Federaalaawaa miidhaa talaalliwwan muraasaan dhufaniif beenyaa kennuudhaaf kan hundeeffameedha.

Namni miidhaan qoricha talaalliin kannamaniin dhufuu isaa amanan, waa'ee sagantaa kanaa fihaalaa beenyaan itti guutamu barachuuf karaa **1-800-338-2382** irratti bilbiluudhaan ykn marsariitii VICP **www.hrsa.gov/vaccinecompensation** do'achuu ni danda'u. Beenyaa gaafachuudhaaf daangaan yeroo ni jira.

8 Akkamittan hedduu beekuu danda'aa?

- Doktara/Ogeessa fayyaa keessan gaafadhu. Inni ykn isheen golgs talaallii keessa seenu isiniif kennuu ni danda'u ykn madda odeeffannoo biroo sinitti himu.
- Qajeelcha fayyaa naannoo ykn bulchiinsa keessaniif bilbilaa.
- Giddu gala To'annaa fiIittisa Dhukkubaa (CDC) qunnamaa:
  - **1-800-232-4636** (**1-800-CDC-INFO**) bilbilaa ykn
  - marsariitii CDC **www.cdc.gov/vaccines** do'adhaa

Vaccine Information Statement

DTaP Vaccine - Oromo

5/17/2007

Office Use Only

42 U.S.C. § 300aa-26

Translation provided by Minnesota Department of Health